Abjuu owwaalame.

Ganda xiqqoo biyya Zimbaabuwee keessaa Tereray Trent (Tereraayi Tireenti) kan jedhamtu maatii hiyeeyyii qonnaan bulaarraa bara 1971 ALA dhalatte. Biyya Zimbaabuweetti dubartiin mana barnootaatti kan barattu hanga umriin ishee 11 ta'u qofatti. Kunis akkaataa itti qulqullina ofii, nyaataa, daa'imaa, fi wantoota mana keessaa tokko tokko baratti. Sanaan booda heerumtee jiraachuu dha. Aadaa biyya sanaati; seerri biyyattiis ni deeggara. Tereraay egaa ganda baadiyaa keessatti kan dhalatte yoo ta'u carraa hanga kutaa lamaatti barachuu illee ni dhabde.

Obboleessa ishee waliin gara magaalaa deemtee akka barattuufis maatiin hin eeyyamne. Carraa biraa dhabdus kitaabota obboleessashee dubbisaa ofumaan of barsiisuu eegalte. Hojii manaa barsiisaan kennus obboleessasheef ni hojjetti. Sammuunshee uumamaan adda ture. Obboleessishee barnootatti dadhabaa tures hojii manaa sirnaan hojjetee qabxii gaarii fiduun barsiisaa isaatiin dinqisiifamaa dhufe. Sochii daree fi qormaatatti garuu qabxiin isaa gadi bu'aadha. Kanas barsiisaan eenyu akka hojii manaa hojjetu yoo gaafatu obboleettiisaa Tereraay ta'uu itti hime. Barsiisichis maatii isaatti xalayaa akkas

Barsiisichis maatii isaatti xalayaa akkas jedhu erge. Xalayichis "humnakusun lena majir kunanga shittolu matunta gi'erba shindhe kan jedhu yoo tahu hiikaan isaas "warqiin dukkana keessatti ni calaqqisa yoo ta'e ifti hin barbaachisu" kan jedhu ture. Xalayaan sun akkuma maatii bira gaheen maal jechuu akka ta'e gaafachuuf borumtaa isaa abbaan Tereraay mana barnootaa deeman. Barsiisichis Tereraay akka barattu cimsee kadhate. Abbaan ishees tolee jedhee Tereraayiin mana barnoota galche. Hanga kutaa 2ttis barattee umriinshee 11 ga'e. Kunis barnootashee akka itti hin fufne gufuu itti ta'e. Akka aadaa biyyattiitti heerumtee jireenyashee jiraachuun dirqama biraati. Ni heerumtes.

Tereraay dheebuu barnootaa qabdu dirqama taanaan haadha ijoollee taate. Gaaf tokko osoo raftuu abjuusheetiin ekisteeshiniin fayyaa naannoo sanaa dubartoota walitti qabuun maal ta'uu akka hawwan gaafattiin turte. Dubartiin sunis lammii Ameerikaati. Dubartoota hunda dabareen erga gaafatteen booda Tereraayiin gaafatte. Tereraayis daqiiqaa tokkoof calliste. Booda garuu; "Gara Ameerikaa deemee, barnootakoo baradhee digrii eebbifamee, maastersiif dooktireetiis xumuree gara biyyakootti deebi'ee lammiikoof barnoota ga'aa kennuu dha" jette. Kanas ganamasaa gara haadhashee

Scanned by CamScanner

jette. Kanas ganamasaa gara haadhashee deemtee itti himte. Haatishees kana hunda barreessitee pilaastikiin martee akka owwaaltu gorsite. Tereraay akkuma gorfamte goote. Osoo hin turiin ekisteeshiniin fayyaa dubartoota walitti qabdee maal ta'uu akka fedhan gaafatte. Tereraay akkuma abjotte sanatti himatte. Dubartoonni akkashee itti kolfan illee ekisteeshinittiin "ni danda'ama hawwii gaarii dha jabaadhu" jetteen. Turtii ji'ootaan booda ekisteeshinittiin sun gara biyyasheetti Tereraayiin fudhattee galte. Tereraay haati ijoollee 4 abbaa manaasheetti ijoollee dhiistee Ameerikaa imalte. Akkuma Amerikaa deemteen barnootashee itti fufuun Yuuniverstii Michigaan seente. Achitti digirii jalqabaa Plant Patolojii dhaan eebbifamte. Itti aansuunis maastersii hojjette. Turtii waggaa 12n booda gara Zimbaabuwee deebitee ijoollee isheef harmeeshee dubbiste. Haati Tereraay "abjuun kee sadan siif milkaa'ee jira kan hafan lamaaniif hojjedhu" jetteen. Teraraayis waraqaa owwaalte sana fuutee abjuushee sadan mallattoo raayitii itti gootee deebistee owwaalte. Kanumaan gara Ameerikaa deebitee dooktireetiishee barattee eebbifamte.

Itti aansuun dhimmi ijoolleeshee mata bowoo itti taanaan gara biyyaa deebite Dr.

Scanned by CamScanner

bowoo itti taanaan gara biyyaa deebite Dr. Tererai Trent. Dubartii cimtuu mirga dubartootaaf falmitee sagaleenshee dhagahame taatee seera "dubarri barachuun hin danda'amu" jedhu sirreessisiiste. Mana barnootaa 711 banuunis barattoota 57,861f carraa barachuu kennite. Mana barnootaa ofiishee itti baratte dabalatee mana barumsaa 261 kan sadarkaasaa eeggate taasifte. Hanqina meeshaalee barnootaa Zimbaabuweetti mudatu harka 67 hir'iste. Sadarkaa Addunyaattis dhaabbata gargaarsa daa'immanii "Tererai Trent" jedhu biyyoota hedduutti hundeessuun hojiirra oolchite. Dr. Tereraay abjuushee shanan sororfattee yaada hin danda'amu jedhu qaanessite. Haati ijoollee 4 ofirra dabartee dawaa dubartoota Zimbaabuwee kan taate har'as falmattuu mirgaa daa'immaanii jedhamte.

~

Yaa nama barreeffama kana dubbisaa jirtuu na dhagahi ergaan siif qaba. Wanti ati kun hin danda'amu baay'ee ulfaataadha jettu hinuma sitti ulfaata. Faallaa kanaa wanta ulfaataa sitti fakkaatu kutannoon itti deemnaan baay'ee salphaadha. Injifannoon harka kee keessa jira. Abjuun kees hiika qaba. Wanta abjotte immoo hiika itti kennuuf ammaa jalqabii dhama'i. Dhamaatii fi milkaa'inni kee hiika abjuu keeti. Abjuu kee of

Scanned by CamScanner

milkaa'inni kee hiika abjuu keeti. Abjuu kee of keessatti owwaaltee hafta taanaan ati ofiifuu hin taatu. Ofiif yoo taate kaaniif taata.
Jalqabni milkaa'inakee garuu ana miti, isa miti, ishee miti, isaan miti, nuyis miti si'uma mataake si qofa! Situ siif hiika qaba!
Waan dubbifteef ulfaadhu.

Scanned by CamScanner